# Hubibsoo Milkaa'inaafi Mashaqqaa Barnoota Afaan Oromoorratti (1991- 2016)
# (Reflection on the Challege and Opportunity of Afaan Oromoo Teaching (1991- 2016))

Mitikkuu Deebisaa[1]

***Axeerara***

*Kaayyoon waraqaa kanaa bara 1991-2016 milkaa'ina barnoonni Afaan Oromoo argateefi mashaqqalee isa quunname ibsuun galchoo 'implication' isaan barnoota afaanichaarratti qaban baasuudha. Kaayyoo kana milkeessuuf, ragaaleen maddeen jalqabaafi lammataarraa funaanamanii jiru. Maddi raga jalqabaa afgaaffii dhimmamtoota waliin geggeeffamedha. Maddi raga lammataa ammoo kuusama yaadannoo waggoota soddomaaf barreessaan of harkaa qabuufi kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-12 bara 1996 barreeffamaniifi hojiirra turanidha. Ragaalee dookumentiitiifi afgaaffiidhaan funaanaman qabiyyeewwan bu'uuraa milkaa'inaafi mashaqqaalee barnoota Afaan Oromoo jedhan jalatti qoqqoodamuun ibsaman. Akka ibsarraa hubatametti afaanicha barnoota afaaniifi afaan barnootaafi afaan hojii ta'uun milkaa'ina seena-qabeessa. Gama kanaan afaanichi manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti afaan baratamuufi ittiin baratamu, sadarkaa lammaffaatti afaan baratamu ta'uu bira taree afaanota qorumsa biyyoolessaa keessatti haammatamee ture. Kun ammoo kutaa 11ffaafi 12ffaa keessatti xiyyeffannoo argachuun akka baratamuufi barsiifamu taasise. Qoramanii warri yuunvarsiitii galanis sadarkaa kanatti beekumsiifi dandeettiin isaanii madaalamee akka darbu taasise. Dabalataanis, kollejjoota keessatti afaan sadarkaa dippiloomaatti baratamu ta'uu qofa osoo hintaane, afaan leenjiis ta'ee tajaajilee jira. Kana malees, yuunivarsiitota keessatti hanga digirii sadaffaatti kennamuu eegaluun milkaa'ina guddaadha. Kitaabileen wabii, gaazexaan, asoosamoonnii ittiin barreeffamuun, qorannoon ittiin geggeessamuufi barsiisonni kumaatamaan lakkaa'aman ittiin eebbisamanii maddaa galiifi eenyummaa taasisachuun milkaa'ina. Mashaqaalee barnoota afaanicharratti turan ammoo sodaa mootummaafi aangawoonni Oromoo barataniifi barnoota afaanichaarraa qabaachaa turan bu'uureffata. Ragaarra akka argametti, dippiloomaan barsiisuu erga eegalee booda afaan leenjii akka hintaane ajaja dabarsuun, digiriitti akka ol hinguddanne gufuu ta'uuf yaaluun akka mashaqqaaleetti hubatamanii jiru. Mashaqqaalee mudatan kanneen obsaafi beekumsaan dura dhaabbachuudhaan, bakka rakkisaa ta'ett immoo aarsaa kafaluun maqsuun akka danda'ame ragaalee argamanirraa hubachuun danda'amee jira. Kanarraas, dhiibbaan sirnaawaan barnoota Afaan Oromoorra ga'aa turus kutannoo dhimmatootaatiin sadarkaa kana ga'e. Gaalchoon isaa sirni barnootaa Itoophiyaa Afaan Oromoo afaan saayinsiifi teekinooloojii taasisuuf sadarkaa 2ffaa keessatti akka afaanichaan baratamuuf danqaa waan ta'eef, kutannoon siyaasaafi uummata Oromoo murteessaa ta'uu agarsiisa.*

***Jechoota Ijoo:  Afaan barachuu, afaaniin barachuu, mashaqqaa, milkaa'ina***

[1] Kollejjii Barnoota Barsiisotaa Jimma; E-mail: solanmitiku@gmail.com

## 1. Seensa

Akka qorattoonni afaaniifi aadaa ibsanitti afaan ibsituufi ijaartuu aadaafi hawaasaati. Jiang (2000) yaada kana yoo ibsutti sabni tokko afaansaa keessaan aadaasaa waan ilaaluuf, afaan daawitii aadaati jechuun nidanda’ama. Aadaan agarsiistuu eenyummaa sabaafi miseensa sabaati. Safuu, barmaatilee, ilaalchaafi seenaa miseensonni saba tokkoo waliin qooddatan nama dhuunfaa tokkorrattillee dhiibbaa guddaa qabaata. Namni kamiyyuu akkuma sabni inni keessaa dhalate yaadutti yaada, jiraatutti, jiraata, addunyaa kanas akkasumatti hubata. Rovira (2008) Kanaaf, afaan ofii eenyummaa ofiiti jedhama.

Afaan keenya qaama aadaa keenyaati; afaan keenya yoo kabajame aadaan keenya kabajama. Eenyummaa keenyaa, ilaalcha keenya, safuu keenya, amantii keenya, seenaa keenyaafi muuxannoo keenya afaanitti fayyadamnee dhalootarraa dhalootatti dabarsisina Rovira (2008). Afaan abbaatiin barachuunis dandeettii afaanii afuran qofa barachuu osoo hintaane, aadaa, safuu, duudhaa, eenyummaa, seenaa, ilaalcha saba ofii barachuudha. Afaan abbaa keenya beekuunis aadaa, safuu, duudhaa saba afaanicha dubbatuu beekuu, yoo haasofnu (dubbannu) eenyuun waliin akkamitti akka dubbachuu qabnufi, eessatti akkamitti akka dubbachuu qabnu beekuu fedha.

Koloneeffatoonni afaan eenyummaa saba afaanicha dubbatuu akka qaru (masaku), aadaanimmoo birmadummaa hawaasaa mirkaneessuu keessatti faayidaa qabu waan beekanuuf, aadaafi afaan sabichaa hacuucuudhaan kan isaaniitiin bakka busuuf cimsanii hojjetu. Saba koloneeffatan humnaan dirqisiisanii afaansaanii barsiisu; aadaasaanii akka hordofu taasisu. Badiinsi afaanota saboota aslii warra Amaarkaanii ‘American indigenous languages’ dhiibbaafi hacuuccaa akkanaarraa kan maddedha. Mootummoonni warra koloneeffataa af-daneessummaa afaanotaafi beekumsa kuusamaa waggaa kumaa ol jiraate dhiibanii yookiin balleessanii imaammata humnaan fudhachiisuufi wal-fudhachiisuu ‘forced assimilation and integration policies’ diriirsan (Sayedayn, 2021).

Saboonni Afriikaa marti afaan warra Awurooppaa (Ingiliffaa, Faransaayiffa) haala kanaan baratan. Koloneeffattoonni Awurooppaa yeroo gara Afriikaa dhufan uummanni Afriikaa kanneen sirna kolonii jalatti kufan afaansaanii dhiisanii kan koloneeffatootasaanii akka baratanu, aadaa ofii dhiisanii kansaanii akka hordofanu dirqisiisan (Sayedayn, 2021). Akka Thiong’o (2022) ibsetti koloniin dhimma siyaasaafi dinagdee qofa osoo hintaane afaan nidabalata. Koloneeffatoonni uummata Afriikaa koloneeffatanirratti afaan alaa fe’anii aadaafi eenyummaansaa akkasumas ofitti amantaansaanii akka badu taasisan. Thiong’on gochaa koloneeffatootaan kanaan *linguistic imperialism* jedhee moggaase. Haala kanaan koloneeffatoonni uummata koloneeffatan hacuucanii of jalatti bulchuuf afaan akka meeshaatti fayyadamaniiru. Afaanitti fayyadamanii eenyummaa uummata koloneeffatanii quucarsuudhaan aangoo siyaas-dinagdee babal’ifachuun uummaticha haqaaqanii of jalatti bulchuu galmasaanii taasifatan (Rovira**,** 2008).

Ixoophiyaa keessatti Imaammanni mootummoota Sirna Gonfoo bara 1974/1966 dura aangoorra ture tooftaadhuma koloneeffatoonni Awurooppaa fayyadaman fayyadame. Biyyattiin afaanonni hedduun kan keessatti dubbataman, uummannishee amantiilee garagaraa kan hordofan taatullee, biyya afaan tokko, aadaa tokko, amantaa tokko qabdu uumuuf yaalii godhe. Haaluma kanaan imaammanni diriirsan Afaan Oromoo dhaabbilee hawaasaa kanneen akka maneen barnootaa, dhaabbilee amantaa, maneen

murtiifi kkf keessatti akka hindubbatamne ifatti kandhorku ture. Dubbattoonni afaanichaas afaansaanii dhiisanii Afaan Amaaraatiin akka dubbataniifi ittiinis akka baratan dirqisiisaman.

Imaammata saba Amaaraa, Afaan Amaarinyaa, aadaafi amantaa warra Amaaraa qofa dagaasu, kan saboota biroommoo moggeessu diriirsuudhaan impaayera Afaan tokko, amantaa tokko, aadaa tokko qabdu ijaaruu yaalan (Tesfaye, 2012). Impaayera Ixoophiyaa keessatti Afaan Oromootiin dubbachuunis, barreessuunis waajjiraalee mootummaa keessatti fayyadamuun seeraan adabsiisa ture (Tilahun 2006, Mohammed 1994). Yeroo barreessaan waraqaa kanaa barataa ture mooraa mana barumsaa keessatti Afaan Oromoo dubbachuun niadabsiisa ture. Abbootiin hirree duubaan dhufanis afaanota biyyattii keessatti dubbataman mara garmalee waan hucuucaniif, har’allee Afaan Oromoo kuusama hog-barruufi barreeffamaa ga’aa maxxansaman hinqabu (Mekuria, 1994; Mohammed, 1994; Feyisa, 1996).

Hacuuccaan siyaasaa dagaagina Afaan Oromoo quucarsu mudataa turullee, Oromoonni biyya keessaafi alaafi namoonni fedhii qaban biroollee, hacuuccaa geggeeffamaa ture fudhatanii callisanii ilaalaa hinturre. Hacuuccaa mudatu cabsuudhaan guddina afaanchaaf ga’eesaanii gumachuuf yaalii adda addaa taasisaa turaniiru (Feyisa, 1996). Akka Tilahun (1996/1988) ibsetti, sabboononniifi hayyoonni Oromoo Afaan Oromoo dagaagsuudhaan afaan barreeffamaa (ogbarruu) taasisuuf qabsoo guddaa taasisaniiru. Haaluma kanaan, Afaan Oromoo qubee Arabaa, Habashaafi Roomaa fayyadamuudhaan barreeffamee dhimmoota adda addaaf tajaajilaa tureera (Gadaa Melbaa, 1988; Hayward and Mohammed, 1981).

Haa ta’u malee, tattaaffiifi yaaliin hayyoota sabboo kunneenii aanga’oota Impaayera Xoophiyaa biratti fudhatama hinarganne. Afaan Oromoo afaan barnootaafi barreeffamaa ta’ee arguu waan hinbarbaanneef hayyoota afaanicha afaan barreeffamaa gochuuf yaalan kanneen akka Sheik Bakirii Saphaloofi Onesimoos Nasiib mootummaarratti uummata kakaasan, tokkummaa biyyaa diiguu yaalan sababoota jedhan tarreessuun himatanii dararaa gara-jabinaa adda addaa irratti raawwatan (Haywardfi Mohammed 1981). Kanumaan wal-qabatee, sabboontonni Oromoo hedduun kitaaba ykn barreeffama Afaan Ormoo waliin qabamanii hidhaafi ajjeechaan adabaman hedduudha.

Mootummaan Dargii gaaffiilee sabaafi sab-lammootaa keessaa gaaffii lafaa qofa deebise. Gaaffiin aadaafi afaanii osoo deebii hinargatin, tooftaa ‘Meserete Timirti’ jedhuun quucarfamee bira barbame. Haala bara Mootii Moototaa Hayilasillaaseerraa wanti fooyya’e yoo jiraate Afaan Oromootiin sagantaan raadiyoofi Gaazeexaan *Bariisaa* eegaluudha. Sabaafi sab-lammoonni biyyattii Oromoo dabalatee mirga afaan isaanii dubbachuu, barreessuufi ittiin barachuu waan sarbamaniif jaarmiyaalee siyaasaa ijaarratanii fincilanii bosona seenan. Qabsoo waraanaa jaarmiyaaleen siyaasaa eegalanis galma ga’ee bara 1991/1983 Mootummaa Dargii aangoorraa fonqolche.

Jijjiramni bara sanatti ta’e, ‘Waraaqsa ‘revolution’ waan tureef wantoota hedduu, bu’uura irraa jijjiramuu kan kaayyeffatedha. Mootummaan Dargii bakka bu’e siyaasa biyyattii siyaasa qeenxeerraa gara siyaayasa sabdaneessaatti waan jijjiireef Afaan Oromoos carraa argatee Afaan hojiifi mana murtii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Afaan barnootaa ta’uuf carraa argate. Jijjiirama mootummaa bara 1991 booda dalagaalee raawwatamaniifi bu’aalee argaman Addunyaa haala armaan gadiitiin ibsa.

Walga’ii dhaabbileen siyaasaa Oromoo Sadaasa 3/1991geggeeffamerratti Afaan

Oromoo Qubee Roomaarraa madaqee Addi Bilisummaa Oromoo itti fayyadamaa ture afaanicha(an) barsiisuuf akka itti fufu sagalee guutuun murteessuun Mootummaa Ceʻʻumsaatiif dhiyaatee fudhatama argachuun barachuufi ittiin barachuuf raggaʻʻe, Duulli barnoota afaanichaa bayyannachiisuus qabata jijjiirama kanaatiin eegale. Dalagaaleen barnoota Afaan Oromoo bayyaannachiisuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Barnootaa Oromiyaa, barsiisotaafi barreessitootaan waggoota soddomaa oliif raawwataman (Addunyaa, 2025: 169).

Haa ta'uyyuu malee, dalagaalee gurguddoofi boonsaan waggoota soddoma dabran keessa barnoota Afaan Oromoo bayyaannachiisuuf raawwataman danqaaleefi gufuuwwan gargaraatiin kan dabaalaman, sabboontota qaaliis kan wareegama baasisan turan. Akkuma Addunyaa,( 2025) ibse “Yeruma afaanichi sirna barnootaa keessa seenerraa eegalee yaaliin siraawaan mul'ataafi dhokataan barnoota afaanichaarratti taasisaman faallaa eegumsa uummatichi barnoota afaan isaatiif qabuuti. Barruun kun dalagaalee bara 1991 booda Afaan Oromoo bayyanachiisuuf raawwataman, yaalii yeroo adda addaa gufachiisuuf godhamaa turan, gufuuwwan mudatan maqsuuf tarkaanfii yeroo adda addaa fudhataman duraa duubaan ibsuu yaala. Kaayyoo gooroon waraqaa kanaas dalagaalee afaanicha bayyanachiisuuf bara 1983/1991 hanga 2009tti raawwataman irraa milkaa'ina argamaniifi mashaqqaalee adeemsicha keessatti mudatan irratti mil'uu taasisuun dalagaalee fuula duraatiif akka irraa baratamu daandii agarsiisuudha.

## 2. Mala Qorannoo

Waraqaa kana keessatti ragaalee fayyadan funaanuufi gingilchuuf mala akkamtaat (Qualitative methodology) hojiirra oole. Ragaaleen waraqaa kana keessatti ibsamanis madda jalqabaafi lammaffaarraa funaanaman. Maddi raga jalqabaa waggoota soddoma dabran keessatti walga'ii dhimma Afaan Oromoorratti geggeessamanirratti hirmaachuun yaadannoo barreeffamaa kuusaman duubatti deebi'uudhaan sakatta'uun murtiilee yeroo yerootti dabran, yaada hirmaattonni kennaniifi yaada gama adda addaarraa kennaman xiinxaluurratti xiyyeeffata. Maddeen ragaalee kunneen qaamaan keessatti hirmaachuun kan guuramanidha. Kana malees, maddi jalqabaa namoota hojjetaa BBO turaniifi haala ture gadifageenyaan beekanirraa ragaalee guuraman nidabalata. Ogeeyyii barnootaa kunneen waliin yeroo kabaja hundeeffama waggaa 50ffaa Kollejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaa (2013) af-gaaffii geggeeffameen ka'umsa gufuuwwan mudatan tokko tokkoo adda baasuuf yaaliin godhameera.

Kitaabonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-12 bara 1996 barreeffaman kanneen duraan hojiirra turan waliin walcina qabuun sababa jijjiirama sanii adda baafachuuf akka madda ragaalee lammataatti tajaajilaniiru. Xiyyeeffannoon qabiyyeewwan jijjiiramanii maal akka ture mirkaneeffachuuf ogeeyyii sirna barnootaa yeroo san hojiirra turanirraa odeeffannoon guurameera. Kitaabonni kunneen kitaabota kutaa 5-12 bara 1994fi 1995 hojiirra turaniifi bara 1996 jijjiiraman qofarratti kan xiyyeeffatudha. Kunis kan ta'e kitaabotuma duraan hojiirra turan kanneen jijjiiraman waliin wal-cina qabuun ilaaluun sababaafi qabiyyeewwan jijjiirraan sun irratti xiyyeeffate adda baasuuf ga'aa ta'uun waan amanameefi.

Ragaalee qorannaa kanaaf oolan guuruuf sochi taasisamerrattis ta'e yoo xiinxalli geggeeffame hanga danda'ametti naamusa qorannaa eeguuf yaaliin godhameera. Haaluma kanaan, namoonni odeeffannoo kennan maqaansaanii akka tuqamu hinhayyamnetti fedhiisaanii guutuuf yaaliin godhameera. Namoota aangoo (taayitaa)

olaanaarra turanii hojii guddina afaanichaa gufachiisurratti qaamaan hirmaatanillee maqaasaanii osoo hineerin taayitaasaaniifi gochaa raawwatame qofa ibsuuf yaaliin taasisameera.

## 3. Milkaa'inaafi Mashaqqaalee Barnoota Afaan Oromoo 1991- 2016

### 3.1. Seensa

Haala Afaan Oromoo akka afaan barnootaafi akka barnoota afaaniittii bara 1991 booda keessa turerratti mil'uun taasisame kun qabiyyee lama jalatti dhiyaate. Qabiyyeen tokko milkaa'ina yoo afaanichi hacuuccaa jala ture keessaa ba'ee afaan hojiin mootummaa ittiin hojjetamu, baratamuufi ittiin baratamu ta'uudha. Kana malees, afaan dhaabbilee barnootaa olaanoo keessatti sadarkaa dippiloomaa, digirii, maastarsiifi 'PhD'n baratamuu eegaluusaati. Qabiyyeen lammaffaan afaanichaa bayyaannachiisuuf carraaqqii taasisame gufachiisuuf yaaliiwwan taasisaman ibsa. Qabiyyeen kun danqaalee ykn mashaqqaalee barnoota afaanichaa mudatan mil'achuun wantoota adeemsa isaatti gufuu ta'aa turan adda baasuurratti kan xiyyeeffatudha. Qabiyyee lammaffaa kana keessatti afaanichi jalqaba afaan baratamuufi ittiin baratamu ta'ee akka tajaajiluu eegalu gochuuf hojjetamanitti wantoota mashaqqaalee ta'anii turan, barnoota afaanichaa sadarkaa sadarkaadhaan guddisuuf qabsoo godhamaa ture gufachiisuuf danqaalee mudataa turanitu mil'ataman. Kana malees, shakkii mootummaan Wayyaanee barattoota, barsiisotaafi barnoota afaanichaarratti qabuufi kanumaan walqabatee gidiraa beektonni Oromoo hedduun dabarsan mil'atamanii jiru. Qabiyyeewwan ijoo lamman keessatti qabxiilee ibsamanirraa muuxannoon argameefi beekumsi horatame ibsame jira. Daangaan barruu kanaa, Imaammata barnootaa bara 2011/2018 qophaa'eefi sanaan booda jiru hinhammatu.

### 3.2. Milkaa'ina Barnoota Afaan Oromoo

#### 3.2.1. Afaan ittiin baratamuufi Afaan Baratamu ta'uu

Bara 1991 jijjiirama siyaasaa Itoophiyaa keessatti taasisameen Afaan Oromoo ukkaamsaa baroota dheeraa jalaa bahuun galmoo iddilee keessatti beekamtii argate. Akkuma jijjiiramni siyaasaa 1991 taasisameen, Afaan Oromoo sirna barnootaa Itoophiyaa keesatti haammatamee barachuufi ittiin barachuuf qophiin eegale. Qophii kana keessa tokko qubee afaanichaaf ta'u filachuudha. Kanaafis, qubeen Laatiinii Afaan Oromoo barreessuuf waan mijatuuf akka madaqsamufi afaanichi Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa keessatti afaan biirooleefi waajjiraalee mootummaafi manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa akka ta'u seeraan murtaa'e. Hayyoonni Oromoo 1000 ta'an walga'ii Sadaasa 3, bara 1991 Addi Bilisummaa Oromoo (ABO) waamerratti argamanii Qubee Roomaa Qubee Afaan Oromoo ta'ee akka itti fufu yookiin immoo filannoon biraa yoo jiraate mariif akka dhiyaatu gaafatame. Walga'ii seena-qabeessa kanarratti Qubeen Roomaa Addi Bilisummaa Oromoo fayyadamaa ture qubee Afaan Oromoo ta'ee akka itti fufu sagalee guutuudhaan murtaa'e. Murteen hayyootaa sun Mootummaa Ce'umsaa yeroo saniitiin fudhatama argate.

Gartuun Sirna Barnootaa ABO (kan barreessaan kun carraa itti himaachuu argate), Mootummaan Ce'umsaa akkuma hundaa'een Godina Wallaggaa Lixaa, Magaalaa Mandii keessa quphatee kitaabota barnoota sadarkaa tokkoffaa Afaan Oromootiin akka barreessu dirqamni itti kenname. Haaluma Kanaan, Afaan Oromoo dabalatee gosoota barnootaa maraaf ji'a tokko keessatti kitaabonni qophaa'anii gara Ministeera

Barnootaatti ergaman. Ministeerri Barnootaammoo Biiroo Barnoota Oromiyaaf dabarsee kennudhaan ogeeyyiin BBOn yaada irratti kennanii erga maxxansamanii booda manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Oromiyaa keessatti Afaan Oromoo barachuufi ittiin barachuun yeroo jalqabaaf eegale.

Barreessaan waraqaa kanaa miseensa "Gartuu Sirna Barnootaa" ABO kan ture qofa osoo hintaane, boodarras dagaagina barnoota Afaan Oromoof yaalii godhamaa ture keessatti hirmaataa waan tureef rakkoolee mudatan ibsuuf hubannoo ga'aa qaba jedhamee amanama. Garee san kan hogganu miseensa ABO gameessa Hayilee Gurmeessaa jedhamu ture. Hojii barreessuurratti kanneen hirmaatan keessaa Margaa Dhaabaa, Fiixee Tarrafaa barnoota herregaa, Habtaamuu (Sooressaa) Darajjee saayinsii, Mitikkuu Deebisaa Afaan Oromoo maqaa dhahuun nidanda'ama. Kitaabonni barnootaa haala kanaan barreeffaman karaa Miseensa Koree Gidduu ABO Obbo Abbaa Caalaa Lataa gara Obbo Ibsaa Guutamaa (Miseensa Koree Gidduu ABOfi Ministeera Barnootaatti) ergame. Ministeerri Barnootaa Biiroo Barnoota Oromiyaa erga dabarsee booda Biiroon Barnootaa Oromiyaa (BBO) maxxansiisee manneen barnootaa Oromiyaa keessa jiraniif raabsame.

Hanqina barsiisota Afaan Oromoo barsiisanuufi Afaan Oromootiin barsiisanuu furuu keessatti ga'een Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) olaanaa ture. ABOn yeroo gabaabaaf Mootummaa Ce'umsaa keessa yemmuu ture Oromiyaa mara keessatti waajjira banatee hojii guddaa hojjetaa tureera. Hojii dhaabichi hojjete keessaa tokko Afaan Oromoo barsiisuudha. Bakka waajjira banate maratti dabballoota ramadee Afaan Oromoo barreessuu barsiise. Carraa kanatti fayyadamanii hojjetoonni mootummaafi barsiisonni Oromoo hedduun yeroo gabaabaa keessatti qubee Afaan Oromoo barreessuu baratan. Hawaasni Oromoo Afaansaatiin barachuufi barreessuuf fedhii olaanaa waan qabuuf wiirtuu barnootaa maratti yaa'ee barate. Barnoonni haala Kanaan kenname hojjetoonni waajjiraalee adda addaa keessatti Afaan Oromootiin hojii mootummaa hojjechuu akka danda'an gargaareera. Barsiisonnimmoo manneen barnootaa keessatti Afaan Oromoo akka barsiisanuufi Afaan Oromootiin akka barsiisan gargaareera. Gama ABOtiin tattaaffiin taasisame rakkoo hanqina humna namaa mudatee tureef furmaata atattamaa kennuuf kan gargaare yoo ta'u, dhaabbileen leenjii barsiisotaa Oromiyaa keessatti argaman martinuu battalumatti barsiisota Afaan Oromoo barsiisanuufi Afaan Oromootiin barsiisan leenjisuu eegalan.

Barsiisonni ji'a kudhan dhaabbilee leenjii barsiisotaa keessatti Afaan Oromoo maneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa tokkoo hanga saddeetii (1-8) barsiisuuf leenji'anii ga'umsa isaaniitiin ol afaanichaa barattoota kutaa sagalii hanga kudha lamaa (9-12) barsiisuuf dirqaman. Jalqabarra barsiisonni dhaabbilee leenjiirraa sertifikeetiidhaan eebbifaman hanga kutaa saddeetiitti akka hinbarsiisne qajeelfamni dhorku yoo hinturrellee, booda garuu barsiisonni sertifikeetii kutaa tokkoo hanga afurii (1-4) qofa, kanneen waggaa lamaaf leenji'anii dippiloomaadhaan eebbifaman kutaa shanii hanga saddeetii (5-8) digirii tokkoffaafi lammaffaan kanneen eebbifaman immoo kutaa sagalii hanga kudha lamaa (9-12) akka barsiisan Ministeerri Barnootaa qajeelfama dabarse.

### 3.2.2. Afaan leenjii barsiisotaa ta'uu

Qajeelfama Minsteerri Barnootaa Itoophiyaa dabarse hojiirra oolchuuf hanqinni barsiisota dippiloomaa kanneen Afaan Oromoo barsiisanuufi afaanichaan gosoota barnootaa biroo barsiisanuu mudate. Hanqina kana furuuf dhaabbilee leenjii Oromiyaa

keessa jiran keessaa tokko gara kolleejjiitti ol guddisuun dirqama ta'e. Bu'uuruma kanaan, bara 1998 (A.L.I) barsiisonni Oromoo bakka gara garaatii walitti dhufanii deeggarsa Ministeera Barnootaatiin Finfinneetti koorsonni sagantaa dippiloomaatti kennamuu qaban filatamanii, caasaan koorsii ('course structure)' fi wixinee koorsii '(course outline) ji'a tokko keessatti qophaa'e.

Beektonni Oromoo hedduun qophii sirna barnoota dippiloomaa sanirratti yaadaan kennuun hirmaatanillee kanneen qaamaan hirmaatan keessaa Aadde Askaalee Lammaa Yuunivarsiitii Finfinneerraa, Obbo Mitikkkuu Deebisaa Dhaabbata Leenjii Barsiisotaa Jimmaarraa, Obbo Dajanaa Gammachuu (yeroo ammaa (piroofeesara) Dhaabbata Leenjii Barsiisotaa Naqamteerraa, Obbo Gammachuu Galaalchaa Dhaabbata Leenjii Barsiisotaa Hararirraa, Obbo Hasan Waaqayyoo Biiroo Barnoota Oromiyaarraa asirratti kaasuun barbaachisaa ta'a. Asafaa Tafarraa yeroo san Yuunivarsiitii Finfinneetti barnoota digirii lammaffaa hordofaa waan tureef guyyuu nu biratti argamuun deeggarsa inni nuuf taasises waan dagatamu miti.

Gannuma 1988/1996 Dhaabbanni Leenjii Barsiisotaa turan keessaas Jimmaa gara kollejjiitti guddate koorsii Ganna kennuudhaan leenjii eegale. Sagantaa kanaan barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa kutaa 5-8 barsiisan leenjisuun yeroo jalqabaaf eegale. Kana malees, Afaan Oromoo afaan leenjii ta'ee barsiisonni gosoota barnootaa biroo fakkeenyaaf, saayinsii, herrega, barnoota hawaasaa barsiisanis leenji'uu eegalan. Baayyinni barattoota bara sanatti simatamanii muummeewwan mara keessatti shantama shantama yoo ta'an dimshaashumatti 450 turan. Kunis kan murtaa'e manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti Afaan Oromoo afaan barnootaa waan ta'eef, barsiisonnis afaanuma ittiin barsiisanuun leenji'uu waan qabanuuf ture. Barsiisonni yeroo jalqabaaf leenjii gannaa hordofanis haaluma kanaan leenjiisaan xumuranii gara hojiisaaniitti deebi'an.

Kollejjichi barattoota kutaa 12 xumuranii qabxii gaarii qaban simatee sagantaa idileetiin dippiloomaadhaan barsiisota leenjisuu Fulbaana bara 1989/1996 eegale. Leenjii idilee kanaanis barsiisota Afaan Oromoo barsiisanuufi Afaan Oromootiin barsiisan leenjisanuuf ittuma fufe. Barsiisota gosoota barnootaa kanneen akka saayinsii naannoo, saayinsii hawaasaa, herrega, barnoota lammummaa barsiisuuf leenji'anuufis afaan leenjii ta'e eegale. Kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaas barattoota godinaalee Oromiyaa mara keessaa filatamanii dhufan yoo xiqqaate Afaan Oromoo dubbachuufi dhaggeeffachuu danda'uusaanii qoruudhaan calaalee simate. Kanneen hindandeenyemmoo gara godina dhufaniitti akka deebi'anii galan taasise. Bara 1990 immoo Dhaabbanni Leenjii Barsiisotaa Adaamaa kollejjii barnoota barsiisotaa lammaffaa ta'ee (kan booda gara Dambi Doollotti dabarfame) hojii eegale. Waggoota muraasa booda dhaabbileen leenjii barsiisotaa Asallaa, Roobee, Naqamteefi Mattuu duraa duubaan gara kollejjiitti guddatan.

Milkaa'inni gama kanaan argame hanqina barsiisota sadarkaa tokkoffaa mudatee ture hanga tokko furee ture. Haa ta'u malee, akkuma biyyaatti hanqinni barsiisotaa mudachuuniifi barsiisonni hojiirra jiran dandeettiisaaniin ol barsiisaa waan jiranuf qulqullina barnootaa mirkaneessuun akka hindanda'amne qorannaan waan hubatameef Ministeerri Barnoota Federaalaa sagantaa Barnoota Fagootiin (Project 17000 jedhamu jalatti) barsiisota sartifikeetii hojiirra turan sadarkaa dippiloomaatiin leenjisuuf murteesse. Barsiisonni Kollejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaafi Adaamaa qophii moojuulotaarratti hirmaachuun barsiisonni Afaan Oromoo barsiisanuufi

afaanichaannbarsiisan akka biyyaatti 17000 akka Naannoo Oromiyaatti 8000 (kuma saddeetii) sadrkaasaanii fooyyeffatan.

### 3.2.3. Sadarkaa digiriitti baratamuu

Barsiisoni kollejjoota Oromiyaa keessa barsiisaniifi barattoonni martinuu xiiqiidhaan hojjetan turan. Kanaaf, sagantaa gannaatiinis ta'e idileetiin yuunivarsiitota biyyattii mara keessatti dorgomaa ta'aniiru. Barsiisonni kollejjoota Oromiyaarra eebbifaman hedduu sagantaa gannaafi idileetiin digirii barachuuf carraa argatanillee, kanneen Afaan Oromootiin eebbifaman garuu yuuniarsiitiin Afaan Oromoo digiriidhaan barsiisu waan hinturreef waggoota muraasaaf carraa barnootasaanii fooyyeffachuu argachuu hindandeenye. Kanaaf, gadda keessa seenuu eegalan. Gadda itti dhaga'ames karaalee adda addaan (bilbilaan, poostaafi qaamaan) kollejjoota irraa eebbifamaniif ibsuu eegalan.

Barsiisonni kollejjoota Oromiyaa mararraa Afaan Oromootiin eebbifaman carraa yuunivarsiitii argatanii barnootasaanii fooyyeffachuu dhabuun guddina Afaan Oromoo gara fuula duraarratti dhiibbaa olaanaa geessisuu akka danda'u hubatame. Barsiisonni Afaan Oromoo Kollejjii Barsiisotaa Jimmaafi Adaamaafi bulchiinsi kollejjoota lamaanii dhimma Afaan Oromoo digiriin eegaluurratti hojjechuu qama hojiisaanii godhatan. Keessumattuu, Kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaa bara 1993 manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Godina Jimmaa argaman keessatti bobba'uun haala barnoota Afaan Oromoo qoratanii rakkoon hir'ina barsiisota Afaan Oromoo akka mul'atuufi rakkinicha furuuf leenjii barsiisotaa digiriidhaan eegaluuf gaaffii dhiyeesse.

Wixinee abuuraa dhiyaate keessatti qabxiilee ibsaman keessaa kanneen armaan gadiitti ka'an ni argamu. Qabxiin jalqabaa, Imaammanni barsiisonni sartikikeetaan eebbifaman barnootaa barnoota kutaa 1-4, kanneen dippiloomaan eebbifaman kuta 5-8, digirii tokkoffaafi lammaffaan kuta 9-12 barsiisuu akka qaban ibsa. Gosoota barnootaa biroof ulaagaa ibsame guutuuf yaaliin godhamaa jiraatullee, gama Afaan Oromootiin barsiisonni kutaa 5-8 barsiisuuf dippiloomaan eebbifaman sadarkaasaaniitiin ol kutaa 9-12 barsiisaa jiraachuufi kunimmoo qulqullina barnootaa mirkaneessuuf yaalii godhamaa jiru kan miidhu ta'uudha. Inni lammaffaan qulqullinni barnootaa kan mirkanaa'u yoo gosoota barnootaa maraaf xiyyeeffannoon walqixa kenname qofa ta'uudha. Kanaafuu, barsiisota Afaan Oromoo sadarkaa digirii jalqabaatiin leenjisuun hanqina barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti mul'atu furuun barbaachisaa ta'uu ibsuuf yaale.

Kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaa leenjii barsiisotaa sadarkaa digirii jalqabaatti ol guddisuudhaan hanqina mul'atu furuuf muuxannoofi ga'umsa waan qabuuf akka hayyamamuuf BBOfi Biiroo Ijaarsa Dandeettii Oromiyaaf gaaffii dhiyeesse. Yeroo san hogganaa Ijaarsa Dandeettii Oromiyaa Obbo Massalaa Dhiyeessaa yoo ta'an hogganaan BBO immoo Obbo Masfin Abbabaa turan. Lammanuu Oromoota sabboonoo daran dhimma Oromoofi Afaan Oromoof quuqaman turan. Biirooleen lamaanuu hir'inni barsiisota Afaan Oromoo digiriin eebbifamanii akka jiruufi hanqinni gama kanaan akka jiru hubachuudhaan furamuus akka qabu murteessan.

Kanaaf, Gaaffii Kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaa dhiyeesse haala gaariin simatanii carraa kana kollejjichaaf kennuun dura jalqaba yuunivarsiitonni barnoota Afaan Oromoo sadarkaa digiriitti barsiisuu akka eegalan gaafachuufi yoo didan garuu kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaa akka eegala kan hayyaman ta'uu nuuf mirkaneessan. Haaluma kanaan Yuuniversiitiin Finfinnee Afaan Oromoo digirii tokkoffaadhan

barsiisuu akka eegalu BBOn xalayaan (1993) gaafate. Yuunivarsiitiin Finfinnee garuu, Afaan Oromoo digiriidhaan barsiisuun tokkummaa Itoophiyaa diiguu waan danda'uuf hayyamamaa akka hintaane ibsee deebii kenne. Biiroon Barnoota Oromiyaas, tokkummaa Itoophiyaa diiguuf sababa ta'uu kan danda'u Afaan Oromoo digiriidhaan barsiisuu osoo hintaane afaanicha digiriidhaan barsiisuu dhiisuu ta'uu akka danda'u deebisee xalayaan yuunivarsiitichaaf ibse. Haala kanaan yuunivarsiitichiifi BBOn xalayaa walitti barreessanus gama gaaffii BBOn dhiyeesse gama Yuunivarsiitii Finfinneetiin fudhatama waan dhabeef osoo hinmilkaa'in hafe.

Kana booda BBOfi Ijaarsi Dandeetti yuunivarsiitota Oromiyaa keessa jiranu gaafachuuf murteessan. Haaluma kanaan BBOn Yuunivarsiitiin Jimmaafi Haromaayaa Afaan Oromoo digiriidhaan akka barsiisan gaafate. Dhimma kanarratti mari'achuufis mariin jalqabaa dhimmamtoota waliin galma mooraa Kollejjii Barsiisotaa Adaamaa keessatti bara 1994 geggeeffame. Marii sanirratti hayyoonni Oromoo Biiroo Ijaarsa Dandeettiifi Biiroo Barnoota Oromiyaa, hayyoota Oromoo yuunivarsiitotaafi kollejjoota keessa barsiisan, barreessitoota Oromoofi kanneen biroollee hirmaataniiru. Walga'icha kan qopheessan Biiroo Ijaarsa Dandeettii, Barnootaa Oromiyaa yoo ta'an bakka bu'oonni Ministeera Barnootaa afeeramanii argamaniiru.

Kaayyoon marichaa inni bu'uuraa barbaachisummaa barnootaa Afaan Oromoo digiriin eegaluufi afaanicha digiriin eegaluuf haala mijaawaa ture ilaalchisee hubannoo dhimmamtoota adda addaa gabbisuudha. Kana malees, Afaan Oromoo digiriin eegaluuf Ministeera Barnootaa, Yuunivarsiitii Jimmaafi Haromaayaa waliin waliigalteerra ga'uudhaan qophiin akka taasisamu haala mijaawaa uumuudha. Ministeerri Barnootaa Federaalaa marii sanirratti argamuun kan barbaachiseef sababoota gurguddoo lamatu turan. Inni jalqabaa akka Imaammanni Barnootaa hayyamutti Afaan Oromoo kutaa 9-12 barsiisuuf hanqinni barsiisota digirii jiraachuu hubachuun xiyyeeffannoo akka kennu amansiisuudha. Inni lammaffaanimmoo, yuunivarsiitonni Ministeera Barnootaa jalatti waan bulanuuf yuunivarsiitota lamaaniif hayyamuudhaan baajata akka ramaduuf gaafachuudha. Gama Afaan Oromoo baruufi barsiisuutiin Kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaafi Adaamaa muuxannoo qabaniifi haala mijaawaa jiru akka ibsan afeeraman. Barreessaan waraqaa kanaa Kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaa muuxannoo dippiloomaan Afaan Oromoo barsiisuun horaterratti hundaa'uun haala mijaawaan akka jiruufi leecalloon barnootaa digirii eegaluun barbaachisaa ta'an jiraachuu ibsuun waraqaa dhiyeessee mariinis irratti geggeeffame.

Hirmaattota mariirratti argaman keessaa Oromoonni haalli mijaawaan jiraachuu amananii yaada dhiyaate deeggaran. Bakka bu'oonni Yuunivarsiitii Jimmaafi Haromaayaa Afaan Oromoo digiriin akka barsiisanu gaafatamuun carraa guddaa akka ta'e ibsanii Ministeerri Barnootaa hayyama kennuudhaan baajeta yoo ramadeef hayyamamaa ta'uu ibsan. Walga'iin jalqaa sun yeroo itti aanu sirna barnootaa (koorsota filachuufi caasessuu akkasumas baafata barnootaa) qopheessuuf baallama qabatee xumurame.

Walga'ii ji'a tokko booda geggeeffamerratti hayyoonni Oromoo walga'anii qophii barnoota eegaluuf barbaachisoo ta'an mara xumuran. Barnoonni bara 1993 Sagantaa Gannaatiin akka eegalu murteessinee addaan bane. Yuunivarsiitota lamaan (Jimmaa, Haromaayaa) keessatti baruma sana Sagantaa Gannaatiin eegale. Hanqina barsiisotaa Yuunivarsiitii Jimmaa yeroodhaaf mudate furuuf Kollejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaarraa barreessaa waraqaa kanaafi Obbo Gammachuu Galaalchaa (boollasaa

daadhiin haa guutuu) qooddatanii barsiisan. Bara 1994 immoo Sagantaa Idileetiin itti fufe. Sadarkaa digiriitiin Afaanicha barsiisuuf hojii yuunivarsiitota lamman keessatti eegalame booda gara yuunivarsiitota Oromiyaa keessa jiraniin simatamee martinuu barattoota Afaan Oromoo simatanii digiriidhaan barsiisuu eegalan.

Yuunivarsiitiin Finfinnee Afaan Oromoo akka dabalataa (minor)tti barsiisaa turee (ILS)n alattii, koolleejjiin 'Barnootaa' yeroo yunarsiitii keessatti hundaa'u, 'maqaa Afaanota Itoophiyaa' jedhun sagantaan 'BED" jedhuun jalqaban. Bara 1999ALI barattoota 26 simachuun dorgommii keessa seene Afaan Oromoo akka barnoota dabalataatti (minor subject) kan kennaa turefi duraan akka digirii eegalu gaafatamee dide booda bara 1998 osoo hingaafatamin eegale. Afaan Oromoo dippiloomaafi digiriidhaan eegaluun Yuunivarsiitiin Finfinnee Maastarsiifi Phd akka eegalu bu'uura ta'ee tajaajile. Bu'uuruma kanaan waggaa afur booda barattoota Afaan Oromoo digirii xumuran simatee digirii lammaffaan barsiisuullee eegale. Kana booda Yuunivarsiitonni Oromiyaa keessa maandheffatan marti digirii lammaffaafi sadaffaallee barsiisuu eegalan.

### 3.3. Mashaqqaalee Afaan Oromoo(tiin) barsiisuufi barachuu

#### 3.3.1. Afaan Oromoo(tiin) barsiisuu eegaluurratti

Tattaaffiin Afaan Oromoo barsiisuufi Afaan Oromootiin barsiisuu eegaluuf taasisame milkaa'us danqaaleen mudatan garuu turaniiru. Danqaan jalqabaa qophiidhuma kitaaboleetiin kan walqabatudha. Kitaaboleen hojiirra oolan kunneen carraa yeroo jalqabaatiif argametti fayyadamuuf kan tajaajilan yoo ta'anillee adeemsa sirna barnootaa kitaabolee barreessuuf hordofamuu qabu hordofee kan barreeffame hinturre. Kanaaf, hanqinaalee akka qaban tilmaamuun hinrakkisu. Fakkeenyaaf, jalqaba, *flowchart*, *flowchart* gara *syllabus*, *syllabus* irraa gara kitaabaatti jijjiiruun kan qophaa'e hinturre. Kana malees, hanqinni leecalloo kanneen akka kompuuteraa, waraqaa, kitaabolee ragaa adda addaafi kanneen kana fakkaatanis waan turaniif rakkoo qulqullinaa qabaachuu akka malan hubachuun nidanda'ama.


Inni lammaffaan hir'ina barsiisotaafi ogeeyyii sirna barnootaatiin walqabata. Rakkoon akkanaa afaan yeroo jalqabaatiif afaan hojiifi afaan barnootaa ta'u kamiyyuu nimudata. Kufaatii Dargii dura Oromiyaa keessatti afaan barreeffamaafi afaan barnootaa waan hinturreef dhimmi qubee Afaan Oromoos waan hinbeekamneef Oromoonni hedduun Qubee Roomaa fayyadamanii barreessuu hindanda'an ture. Keessumattuu, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisuufi Afaan Oromootiin barsiisuuf leenjii qaban hinturre. Hanqinni akkanaammoo guufuu guddaa ta'uu akka danda'u beekamaadha. Hanqina gama kanaan mudate furuu keessatti ga'een Adda Bilisummaa Oromoo olaanaa ture. Daabbatichi yeroo gabaabaaf mootummaa ce'umsaa keessa yemmuu ture Oromiyaa mara keessatti waajjira banatetti barsiisotaafi hojjetoota mootummaa qubee barsiise. Barsiisonni haala kanaan baratan manneen barnootaa keessatti Afaan Oromoo barsiisuuf fedhiidhaan galmaa'anii hojii eegalan.

Afaan Oromoo afaan yeroo jalqabaaf afaan barnootaa ta'uurraa kan ka'e barsiisota leenjisuufis leenjisaa afaanichaan eebbifame argachuun hindanda'amu ture. Barsiisaan Afaan Oromootiin digirii jalqabaas ta'e lammaffaa qabu waan hinturreef, barsiisaa sabaan Oromoo ta'ee yookiin Afaan Oromoo dubbachuu danda'u kan Amaariffaan yookiin Ingiliffaan eebbifame argachuun dirqama ture. Barreessaan waraqaa kanaas haala kanaan bara 1987 Dhaabbata Leenjii Barsiisotaa Jimmaa seenee barsiisota Afaan Oromoo leenjisuu carraa argate.

### 3.3.2. Barsiisota dippiloomaa leenjisuurratti

Kollejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaa yemmuu hojii eegalu kaayyoonsaa inni bu'uuraa barsiisota Afaan Oromoo barsiisanuufi Afaan Oromootiin barsiisan leenjisuudha. Kanaafuu, Afaan Oromoo afaan leenjii ture. Yeroo jalqaba bara 1998 sagantaa Gannaatiin barsiisota buleeyyii simatee barsiisuu eegalu haaluma kanaan eegale. Haa ta'u malee, sagantaan Gannaa xumuramee sagantaan idilee yoo eegalu akkuma tasaa rakkinni uumame. Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisuuf leenji'an qofti koorsota Afaan Oromoo mara Afaan Oromootiin akka baratan, gosoota barnootaa kanneen barsiisuuf akka afaan barnootaatti akka hin tajaajilleefi barnoonni kanneen Afaan Ingiliziin akka kennaman BBOrraa ajaji kenname. Ajaji kenname sun hamilee barsiisotaa, hogganoota kollejjiifi barattootaa kan tuqe ture.

*Xalayaa Afaan Oromootiin barsiisota dippilootaa leenjisuu dhorku*


አዲስአበባ 26/23 26/12

ለጅማ መምህራን ኮሌጅ
ጅማ

የኮሌጁ የማስተማሪያ ቋንቋ እንግሊዝኛ እንዲሆን መወሰኑ ታውቆ
ከ17/4/89 ጀምሮ ስራ ላይ እንዲውል ይደረግ
ብርሀኑ ወዳጆ ጸጋ
የትም/ቢሮ ም/ሀላፊ

ቀ. 17/4/89

26/12/96

Mana Galmee
Galii ta'ee kutaa barumsaaf haa dhorgaatu.

Barsiisonni gosa barnootaa kamiyyuu barsiisan afaanuma erga eebbifamanii booda ittiin barsiisanuun leenji'uu akka qaban osoo beekamu, Biiroon Barnoota Oromiyaa ajaja kana kennuuf maaltu dirqisiise gaaffii jedhu kaasuun barbaachisaa ture. Dhimma kana adda baafachuuf Abbaa Adeemsa Sab-quunnamtii BBO ta'ee nama hojjetaa tureefi dhimmicha gadifageenyaan beekurraa odeeffannoo argachuuf yaaliin taasisameera. Akka odeeffannoo argameen mirkanaa'etti, murtoon sun kan aangawaan Oromiyaa tokko fedhii dhuunfaa isaaf darbe ta'etu argama. Kunis, intalti fira abbaa angoo sanaa tokko barattoota Afaan Oromoo sirriitti dubbachuufi dhaggeeffachuu waan hindandeenyeef akka galmooftee barnoota hineegalle dhorkamte. Isheenis battaluma kollejiin ishee hari'een gara Waajjira Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa deemtee himatte. Hogganaan

sadarkaa Bulchiinsa Naannoo Oromiyaatti aangoo olaanaa qabu sun leenjii barsiisotaa Afaan Oromootiin kennuun akka dhaabbatuufi Afaan Ingiliziin akka kennamu BBO ajajee; Kun ta'uu baannaan BBOrratti tarkaanfii kan fudhatu ta'uu akeekkachiise. BBOn ajaja itti kenname hojiirra akka oolu barreeffama telegiraamaa olitti kennameen ajaje. Fedhiin abbootii aangoo hagam hojii uummataa gara dogoggoraatti geessuu akka malu taatee kanarraa hubachuun nidanda'ama. Abbootiin aangoo fedhii dhuunfaafi kan maatiisaanii dursuurratti xiyyeeffatan egeree hawaasaa hagam miidhuu akka danda'an kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Bu'uuruma ajaja kanaatiin wagga lamaaf hanga kaadhimamtoonni marsaa jalqabaa leenjii xumuranii eebifamanitti Afaan Ingiliffaa leenjii barsiisotaa ta'ee itti fufe. Barsiisonni saayinsii hawaasaa (joogiraafiifi seenaa), saayinsii naannoo (kemistirii, fiiziksiifi baayooloojii), herregaa, Ingiliffaan leenji'anii erga eebbifamanii booda manneen barnootaa keessatti garuu Afaan Oromootiin barsiisan. Kanaaf, jechoota Ingiliffaan baratan keessumattuu jechoota herregaafi saayinsii gara Afaan Oromootti hiikuuf hedduu rakkatan. Maddi rakkoo kanaa BBOn dhimma ogummaa barsiisummaarratti aangoo murteessummaa kan hinqabne ta'uudha. Miseensi hoji-raawwachiiftuu Caffee yookiin Ministeerri Barnootaa yoo murteesse (ajaje) BBO jijjiiruu hindanda'u. Kana jechuunis dhimmi ogummaa abbaa ogummaa saniitiin kan murtaa'u hinturre jechuudha. *Egaa bakka ani jedhe dhiisaatii; bakka gooftaan jedhan na koobaa,"* jette garbittiin akkuma jedhamu.

Barsiisonni Ingiliffaan leenji'anii erga eebbifamanii booda Afaan Oromootiin barsiisuun qulqullina barnootaa mirkaneessuuf yaalii godhamu kan miidhu ta'uu ibsuudhaan mormiin gama BBOfi kollejiin dhiyaatu garuu itti fufe. Abbaan aangoo ajaja san kennes sababa siyaasaatiin aangoorraa kaafamee biyyaa godaanee amma dhihoo kanaatti biyya alaa jiraataa ture. Gaaffiin gama adda addaatiin BBO dabalatee dhiyaataa tures fudhatama argatee bara 1990 booda Afaan Oromoo deebi'ee afaan leenjii ta'ee tajaajiluu eegale. Kaadhimamtoonni saayinsii uumamaa, saayinsii hawaasaa, herrega Afaan Oromootiin barachuu eegalan. Erga eebbifamanii boodas Afaan Oromootiin waan barsiisanuuf hanqinni jechootaa isaan mudataa turellee hanga tokko nifurame.

### 3.3.3. Sadarkaa digiriitti guddisuurratti

Yuunivarsiitiin Finfinnee Afaan Oromoo sadarkaa digiriitti barsiisuuf yaalee hinmilkaa'in hafe bara 1972 (A.L.I) ture. Bara san koorsonni kennaman murtaawanii, caasaaleen koorsii (course structure) qophaa'ee ture. Gareen bara 1989 sagantaa barnoota Afaan Oromoo sadarkaa dippiloomaatiif qopheesse kan hoggante Aadde Askaalee Lammaa, barsiistuu Yuunivarsiitii Finfinnee, waan turteef, caasaa koorsii Afaan Oromoo kan Afaan Ingiliziitiin digiriif barsiisuuf qophaa'ee ture akka galteetti fayyadamee ture.

Sababni milkaa'uu dhabuu sagantichaaf kenname "haalli mijaawaa miti" kan jedhudha. Bara Dargii barattoota barnoota yuunivarsiitii xumuran mara hojii qabsiisuun dirqama mootummaa ture. Afaan Oromoo bara mootummichaa afaan hojiifi afaan barnootaa waan hinturreef, erga eebbifamanii booda hojiin itti bobba'an hinjiru jedhamee hinmilkaa'in hafe. Qabsoo yeroo lammaffaa kanarrattis afaanicha digiriin akka barsiisuu kan gaafatame Yuunivarsiitiidhuma Finfinneeti. Haa ta'u malee, yuunivarsiitichi hayyamamaa hintaane. Sababa inni xalayaa BBOf barreesserratti ibses "*Afaan Oromoo sadarkaa* digiriitti *barsiisuun tokkummaa Xoophiyaatiif balaadha'* kan jedhu ture Xalayaalee yeroo san BBOfi Yuunivarsiitiin Finfinnee wal jijjiiran marii Adaamaarratti

hirmaattotaaf dhiyaatee ture. Qaamni dhimma kana gadi fageenyaan qorachuu fedhu mana galmee BBO sakatta'uu nidanda'a. Itti aansuun kanneen gaafataman Yuunivarsiitii Haroomayyaafi Yuunivarsiitii Jimmaati. Gama Yuunivarsiitii Haromaayaatiin mormiin kan hinturre ta'us, gama Yuunivarsiitii Jimmaa garuu barsiisonni Afaan Oromootiin digirii lammaffaa yookiin sadaffaa qaban waan hinjirreefi baajannis waan hinramadamneef eegaluuf akka isaan rakkisu ibsuudhaan morman.

Mormii yuunivarsiitichi dhiyeesses hayyoonni Oromoo Yuunivarsiitii Finfinneefi kollejjoota Oromiyaarraa walitti dhufan marti cimsanii dura dhaabbatan. Hayyoota kannaan keessaa yaada Dr. Gammachuu Magarsaa (yeroo sanatti Yuunivarsiitii Finfinnee barsiisaa kan turan) kennan kaasuun nidanda'ama. Dr. Gammachuun biyyoonni martinuu afaanotasaanii digiriidhaan barsiisuu yoo eegalan barsiisota digirii lammaffaafi sadaffaa akka hinqabneefi yeroo booda garuu akka horatan ibsanii nutis Afaan Oromoo har'a digirii tokkoffaadhaan barsiisuu hineegallu taanaan piroofeesara Afaan Oromoo barsiisu horachuu akka hindandeenye hubachiisan. Hayyoonni hedduun yaaduma kanaan walfakkaatu kennanii mormiisaanii ibsan.

Baajataan walqabatee mormii dhiyaate ilaalchisee baajanni yuunivarsiitota Itoophiyaa maraaf ramadamu qabeenya Oromiyaarraa dabalatee argamu ta'ee osoo jiruu Afaan Oromoo barsiisuuf bajanni hinjiru jechuun fudhatama hinqabu mormii jedhutu dhiyaate. Hayyoonni hedduunis aariidhaan guutamanii mormii qaban dhiyeeffatan. Dhumarratti Hogganaa Ijaarsa Dandeettii Oromiyaa kan turan Obbo Massalaa Dhiyeessaa dhimma baajataa Ministeera Barnootaa waliin haasa'uudhaan kan furan ta'uu waadaa seenan. Asirratti, Afaan Oromoo sadarkaa digirii jalqabaatii eegaluuf qabsoo godhame keessatti wareegama Obbo Massalaa Dhiyeessaa kafalan ga'een isaan taphatan olaanaa ta'uu yaadachuun barbaachisaa ta'a. Namni kun seenaa barnoota Afaan Oromoo keessattis bara baraan yaadatamuu nama qabu.

Ministeerri Barnootaa barnoonni Afaan Oromoo digiriidhaan akka eegalu hayyamuuf mormiin gamaa gamanaan isa mudate. Gama tokkoon gaaffiin Oromoofi Oromiyaarraa dhiyaatuun boqonnaa dhabe. Gama biraatiinimmoo, qaamonni guddina Afaan Oromoo morman, keessumattuu hayyoonni saba Amaaraa cimsanii dura dhaabbatan. Kanaaf, Muummicha Ministeeraa kan turan, obboo Mallasaa Zeenaawii bira deemanii, *"Oromiyaan Afaan Oromoo digiriidhaan barsiisuu eegalla jedhanii maal haa goonu?"* jedhanii gaafatan. Mallasaanis *"Osoo Afaan Amaaraa digiriidhaan eegalla jedhanii isin gaafatanii dhuftanii na gaafattuu?"* jedhee deebisee gaafateen. Kana booda gama Ministeera Barnoota Federaalaatiin dura dhaabbannaan ture ni tasgabbaa'e.

Haa ta'u malee, dabballoonni siyaasaafi qaamni nageenyaa mootummaa "Hogganaa Ijaarsa Dandeettii Oromiyaa kan ta'e Obbo Massallaa Dhiyeessaafi ogganaa Biiroo Barnootaa kan ta'e Obbo Masfin Abbabaa, wanta dhimma barnoota afaan Oromoorrattii haroota walitti qabaniif, 'Adaamaatti dabbaloota ABO walitti qabanii nurratti dhaadataa oolan" jedhanii tarkaanfiin akka fudhatamu mariyatan. Haaluma kanaan galgaluma sana mana Obbo Massallaa Dhiyeessaa Finfinneetti argamu marsanii bulan. Haa ta'u malee, ganama balbala cabsanii seenanis argachuu hindandeenye. Obbo Massalaanis baqatee biyyaa ba'e. Obbo Masfin Abbabaammoo aangoorraa kaafame. Hojjetoota Oromoo sabboonoon BBO keessa turan hedduun hojiirraa hari'aman.

Barnoonni Afaan Oromoo hayyoota sabboonoo kunneen aarsaa taasisee milkaa'e. Obbo Massalaa Dhiyeessaa haasaa guyyaa sana taasise keessatti "Yeroo ammaa Oromoon

nama aangoorra yeroo dheera turu osoo hintaane, nama yeroo gabaabaa keessatti waan bu’uura ta’u hojjetee aangoorraa bu’u barbaaddi!” jechuusaa yoon yaadadhu hagam hayyuu kutannoo qabuufi wareegama gosa kamiyyuu kafaluuf akka murteeffatee ture achiirraa hubachuun nidanda’ama. Obbo Massalaa Dhiyeessaafi Obbo Masfin Abbabaa aarsaa kafalanus Afaan Oromoo digiriin barsiisuun ittuma fufe. Injifannoo yeroo adda addaa gama maraan Oromoon gonfate wareegama hayyootaafi qabsaa’ota Oromoo qaqaaliitiin kan dhufe ta’uu kanumarraa hubachuun nidanda’ama.

### 3.3.4. Shakkii gama mootummaatiin ture

Oromoo qulqulluun afaansaa sirriitti dubbatu, aadaasaa kabajuufi ittiinillee boonu, Oromummaasaattis boonu “dhiphoo” jedhamee ibsamaa ture. Maddi yaada qubee Laatinii filachuu, Afaan Oromoon barachuufi ittiin barsiisuu Afaan Oromoo ABO waan ta’eef, Oromoo afaansaatiif quuqamu mara Wayyaaneen (TPLF) akka miseensa ABO ta’etti shakkiti. Kanaaf, namoonni hedduun waa’ee barnoota Afaan Oromoo dubbachuu, mirga afaanichaan barachuufi barsiisuu akka gonfatu falmuu nisodaatan. Oromoo qulqulluufi sabboonaan miseensa OPDO ta’us shakkiirraa bilisa ta’uu hindanda’u. Kanaaf, akkuma miseensa ta’een amala duraan qabu jijjiirratee heddumminaan Amaariffa dubbachuuf dirqama. Kanuma godheeyyuu OPDO amanamaa ta’uun rakkisaadha. Sababnisaas, TPLF bulchiinsa naannoorraa eegalee hanga aanaafi gandaatti namoota sabummaan Tigiree ta’an ramaddee waan hordoftufi. Murtii hoggantoonni Oromoo sadarkaa mararratti ramadaman kannanus jalqaba miseensota TPLF sadarkaa sadarkaan ramadamaniin mirkanaa’a.

Aanga’oonni muudaman dabballoota TPLF waliin ta’anii dhaabbilee barnootaa too’atan. Barattoonni Oromoo sabboonoon dhaabbilee barnoota olaanoo keessa baratan miidhaan uummatasaanii, afaansaaniifi aadaasaaniirra ga’u waan itti dhaga’amuuf yeroo adda addaa gaaffiilee cimoo kaasan. Kanaaf, mootummaa birattis ija gaariin hinilaalaman. Mootummaan Wayyaanee kollejoota Oromiyaa akka dhaabbilee barsiisota leenjisanii osoo hin taane, akka dhaabbilee leenjii dabballoota ABOtti ilaaluu eegale. Kanaaf, barattootaafi barsiisota hidhuu, barnootarraa hari’uu aadeffate.

Gaaffiin mirgaa barattoonni dhaabbilee barnootaa olaanoon yeroo adda addaa dhiyeessaa turan akka gochaa ABOtti fudhatamuun barattoonni Oromoo hedduun akka ergamtoota ABOtti fudhatamanii hari’amaniiru. Barattoota qaalii mana hidhaa keessatti lubbuunsaanii dabre keessaa Gaaddisaa Hirphaasaa maqaa kaasuun ga’aadha. Koollejjoonni Barnoota Barsiisotaa Oromiyaa guutumaa guutuutti Oromootaan kan geggeeffaman waan turaniif xiyyeeffannoo guddaadhaan kan hordofaman. Fakkeenyaaf, bara 1996 barattoota qofa osoo hintaane, barsiisonni hedduunis ajaja Mootummaa Wayyaaneetiin hojiirraa ari’amanii dabbbalootа OPDOtiin bakka bu’aniiru. Hayyoota kollejjiirraa ari’aman keessaa Obbo Baqqalaa Garbaa Adaamaarraa, Dr. Ittaanaa Habtee Baalee Roobeerraa, Dr. Asafaa Tafarraa, Dr. Takiluu Gammachuufi Dr. Geetaachoo Abbashuu Jimmarraa maqaa tuquun nidaanda’ama.

Barattoonni Oromoo erga kollejjiirraa eebbifamanii hojiitti bobba’aniis karaa basaastotasaa hordofuun sodaachisuu, hidhuu dararuu, itti fufe. Keessumattuu barsiisonni Afaan Oromoo kollejjootarraa eebbifamanii hojii barsiisummaatti bobba’an bakka maratti gidiraan isaan mudataa ture waan dagatamu miti. Yeroo hedduu mormiin gaaragaraa manneen barnootaafi Oromootaan godinaaleefi aanaalee keessatti yoo ka’an jalqaba kan qabamanii hidhamanu barsiisota Afaan Oromoo kollejjootarraa eebbifaman

turan. Hidhaa, dararaafi ajjeechaan barsiisota Afaan Oromoo hedduu mudateera. Kanneenimmoo karaa danda'aniin biyyarraa godaanan.

Hogganoonni OPDOn barattootaafi barsiisota hedduu kollejootarraa hidhanii, dararanii biyyaarraa hari'anii erga booda kollejjoota fi manneen barnootaa Oromiyaa keessatti jijjiirama bu'uuraa fidu qabna karoora jedhu qabatanii as bahan. Xiyyeeffannoo ijoon karoorasaaniis barsiisotaa hari'amanfi, hidhaman barsiisota miseensa OPDO ta'aniin bakka buusuufi sirna barnootaafi kitaabota barnootaa Afaan Oromoo jijjiiruudha.

Tarkaanfiin sirnaafi caasaa barnootaa jijjiiruu jalqaba kollejjootarraa eegale. Sababnisaas, koorsonnii Muummeen Afaan Oromoo kollejjoota keessatti kennan sabboonummaa barattootaa gabbisuudhaan gara dhipphummaatti ceesise jedhamee waan amanameefi. Koorsota xiyyeeffannoon kennamee akka haqaman taasisaman keessaa *Afaaniifi Hawaasa*, *Afoola Oromoo, Sakatta'a Seenaa Barreeffama Afaan Oromoofi Asoosama Oromoo*tu argamu. Barattoota Afaan Oromoo Seera Afaan Oromoo (Oromo Grammar) fi Mala Baruufi Barsiisuu (Methods of Teaching) qofa barsiisuun ga'aadha murtii jedhurra ga'an. Seenaa barreeffama Afaan Oromoo, afoola Oromoo, Afaaniifi Hawaasa, Asoosama Oromoo barachuun akka siyaasa ABO barachuutti fudhatame dhorkaman.

Mana Kitaabaa Kollejjii Barsiisotaa Jimmaa keessaa kitaabonni asoosama Afaan Oromoo, Afoolaa Oromoofi seenaa afaanchaa ibsan marti guuramanii kutaa tokko keessatti akka itti cufamu (saamsamu) murtaa'e. Carraan Oromoota sabboonoo kitaabota kunneenittis hidhaan murtaa'e. Kitaabonni Asafaa Tafarraa hanga bara 2011barreessaan kun Kollejjii Barsiisotaa Jimmaa keessa turetti hidhaarraa kan hinhiikamne ta'uu ni yaadata. Kollejjoota Oromiyaa mara keessatti tarkaanfiin walfakkaatutu fudhatame.

Gama BBOtiin sirni barnoota Afaan Oromoo kutaa tokkoo eegalee hanga kutaa kudha lamaatti guutumaa guutuutti akka jijjiiramu murtaa'e. Murtee san hojiirra oolchuufis gareen barsiisota amanamoo miseensa OPDO gameessi bakka adda addaatii filamanii Adaamaa maadheffatan. Dirqamni garichatti kenname rakkoolee kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa tokkoo eegalee hanga kutaa kudha lamaa keessa nijiru jedhanii amanan adda baasuudhaan qabiyyee jijjiiramuu qaban keessaa haqanii kitaabota barnootaa haaraa akka mootummaan barbaadutti barreessuudha.

Garichi ji'a tokko keessatti kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa tokkoo hanga kudha lamaa jiran sakatta'ee qabiyyeewwan jijjiiramuu qabu jedhee amane addaa baasee BBOf dhiyeesse. Qabiyyeewwan jijjiiramuu qabu jedhaman kanneen sabboonummaa Oromoo leellisu, ilaalcha ABO waan calaqqisaniif barattoota fincilaaf kakaasu jedhamanii dabballoota OPDO kunneeniin itti amanamedha.

Qabiyyeewwan kitaabotaa xiyyeeffannoon kennameef keessaa tokko dubbisoota boqonnaa kitaabota barnootaa keessa jiranidha. Fakkeenyaaf, dubbisni kenname afoola Oromoo yoo ta'e, afoolli Oromoo siyaasarraa bilisa ta'e hinjiru jedhanii waan amananuuf akka ba'u murteessan. Dubbisni seenaa gootota Oromoo ibsan nihaqaman; fakkeenyaaf, kutaa kudha tokko keessaa dubbisni *"Seenaa Janaraal Taaddasaa Birruu"* ibsu nihaqame. Kana malees, gosoonni afoola Oromoo kanneen akka mammaaksi, hibboon, ciigoofi kkf siyaasa waan barsiisuuf guutumaa guutuutti akka haqamu yaada kennan. Himoonni seer-luga barsiisuuf akka fakkeenyaatti kennaman tokko tokkoon sakatta'amanii kanneen waa'ee Oromoo ibsan marti haqaman. Kana booda, kitaabonni barnootaa seenaa, aadaafi afoola Oromoorraa bilisa ta'an barreessanii maxxansiisuun

manneetii barnootaaf raabsan. Gochi kun barnoota afaanichaa siyaasaan walqabsiisuu yookiin immoo garaagarummaa barnoota afaan tokkoffaafi afaan lammaffaa gidduu jiru hubachuu dhabuurraa madduu nimala.

Kun hundiyyuu ta'ee mormiin Qeerroo Oromoo yeroo yeroon dabalaa waan deemeef shakkii mootummaan Afaan Oromoofi barsiisota Oromoorratti qabus dabalaa deeme. Shakkiin kun sirna barnoota Afaan Oromoo hundeedhaa jijjiiruuf mootummicha dirqisiise. Tartiiba Qubee Afaan Oromoo A, B, C irraa gara L, G, M ttii jijjiiruun kana kan bu'uureffate ture. Tartiiba qubee jijjiiruuf kan mootummicha kakaase mala baruufi barsiisuutiin tasuma kan walqabatu hinturre.

Tartiiba qubee jijjiiruuf sababoota mootummicha kakaasan lamatu turan. Sababni inni jalqabaa tartiibuma qubeen ittiin barsiisamuun kan walqabatudha. Barattoonni kitaaba Afaan Oromoofi barruulee adda addaa keessatti qube A, B, C barreeffame yoo argan qube sadaffaa isa C qalamaan cufanii ABO taasisu. Kun immoo fedhii barattoonni dhaabichaaf qaban waan agarsiisuuf mootummaan kana hambisuuf tarkaanfii fudhate. Inni lammaffaan Oromoonni hedduun A, B, C akka kennaa Adda Bilisummaa Oromootti waan hubatanuuf mootummaanis waan haaraa uummata Oromoof gumaachuushee agarsiisuuf ture..

### 4. Cuunfaafi Goolaba

Waraqaa kana keessatti Bara 1991 booda Afaan Oromoo sadarkaalee adda addaatti barsiisuufi ittiin barsiisuun akkamitti akka eegale, ragaaleerratti hundaa'uudhaan ibsammera. Afaan Oromoo afaan barnootaafi afaan hojii akka ta'u murtiin dabree hanqinoonni adda addaa jiraatanillee yeroo ji'a tokko hincaalle keessatti kitaaboleen barnootaa qophaa'uun carraa argametti atattamaan fayyadamuuf gargaareera. Muuxannoo waggoottan soddoma dabran argame of-duuba deebi'uun yoo xiinxalamu (reflection on action) yoo geggeessamu qabxiilee ijoo sadii hubachuun nidanda'ama. Inni jalqabaa fayyadama yerooti. Sadaasa 3/1991 Afaan Oromoo afaan barnootaafi ittiin baratamu akka ta'u murtiin hayyoonni dabarsan Mootummaa Ce'umsaatiin fudhatama argate. Yeroo san dhimmi kitaabota barnootaa dhimma murteessaa ture. Hanqinni gosa kamiyyuu haa jiraatu malee, ji'a tokko keessatti kitaabonni barnootaa hinqophoofne ta'ee bara barnootaa itti aanu (1992) Afaan Oromoo barsiisuunis ittiin barsiisuunis hineegalu ture. Sababnisaas, 1992 dhaabbileen Oromoo Mootummaa Ce'umsaa keessaa waan ba'aniif guutumaa guutuutti carraan Afaan Oromoo maal ta'uu akka malu tilmaamuun nidanda'ama. Yeroo hedduu carraan dhufee tara. Carraa argamutti gargaaramuun dhimma murteessaa ta'uu muuxannoo kanarraa barachuun nidanda'ama.

Qabxii ijoo inni lammaffaan heera seeraafi imaammata mootummaatiin ala fedhiin abbootii aangoo tokko tokko dhimma hawaasaarra dhiibbaa kan geessisu ta'uudha. Ajajni leenjiin barnoota dippiloomaa Afaan Oromootiin akka hinkennamne gadi ergame kanaaf ragaadha. Dhimmi akkanaa yoo mudatu seeraafi heera bu'uura godhachuundhaan mirga ofiif falmuu barbaachisaa ta'uudha. Falmii BBO fi kollejjichaatiin deebi'ee afaan leenjii ta'e. Dhaloonni har'aas, mirga heeraan kennameef falmachuun dirqamasaati. Gaaffiin afaanicha digiriitti guddisuuf raawwatamanis heeraafi imaammata mootummaa bu'uura godhatee kan dhiyaate ture. Barsiisonni gosoota barnootaa mara kutaa sagalii ol barsiisanu digirii qabaachuu akka qaban qajeelfamni mootummaa kan dirqisiisu ta'uufi barsiisonni Afaan Oromoo ulaagaa akka hinguunne qorannaa geggeeffameen deeggaramee gaaffii dhiyaate ture. Kanaaf, hagam dabni irratti dalagamee namootarra

miidhaa ga'ullee milkaa'inaan xumuramuu danda'eera.

Qabxii ijoo inni sadaffaan, haqa saba tokkoo kabachiisuuf qabsoo taasisamu keessatti namoonni aarsaa kafalan kafaluu jiraachuudha. Yaalii afaanicha lafa qabsiisuuf taasisame keessatti Oromoonni qaqaaliin aaraasaa kafalaniiru. Mirga namaa ykn saba biraa hinsarbin malee haqarra dhaabbatanii falmuudhaan aarsaa barbaachisu kafaluun aadaa hayyoota keenyaa ta'uu akka qaban qorannaan kun nu hubachiisa. Barnoota Afaan Oromoo digiriidhaan barsiisuuf qabsoon geggeeffames akka salphaatti kan milkaa'e hinturre. Qabsoo geggeeffamerrattis Oromoonni qaqaaliin aarsaa kafalaniiru. Dhimmi Afaan Oromoofi barnoonni afaanichaa akka siyaasaatti fudhatamee kitaabonni barnootaa afoolaafi aadaa Oromoo calqisuu akka hindandeenyetti qophaa'an. Barsiisonni hedduun hidhamanii, hedduun hojiirraa hari'amanii afaanicha tursan. Har'as carraan Afaan Oromoo harkuma hayyoota Oromoo jira. Afaan keenya bakka barbaannu ga'uuf adeemsa dheeraatu hafa. Ciminaan hojjechuudhaan haarsaa yoo barbaachises kafalee galmaan ga'uun dirqama dhaloota har'aati.

**Wabiilee**


Addunyaa Barkeessaa (2025) "Tarsiimoolee Sirnaawoo Adeemsa Barnoota Afaan Oromoorratti 'Systemic Strategies in the Process of Afaan Oromoo Education". *Barruulee Finfinnee ½*

Feyisa Demie. *(1996)*. Historical Challenges in the Development of Oromo Language and Some Agenda for Future Research. *Journal of Oromo Studies 3(1&2): 18-27.*

Gadaa Melbaa. (1988). *Oromiya: An Introduction to the Oromo People*. Minneoapolis: Krik House Publishers

Hayward, R.J. and Mohammed, H. (1981). "The Oromo orthography of Shaykh Bakiri Saphalo." *The Bulletin of the School of Oriental and African studies 4(3),554-576*

Jiang, W. (2000). The relationship between culture and language. *ELT Journal, 54(4), 328-324.*

Mekuria Bulcha. (1994). "The Language policy of Ethiopian Regimes and the History of Written Afaan Oromo: 1884-1994." *The Journal of Oromo Studies* 1(2): 91-115.

Mohammed Hassen (1994). "Some aspects of Oromo History that have been misunderstood." *Journal of Oromo Studies, 1(2), 77-91*

Rovira C. Lourdes C (2008). The Relationship between Language and Identity. The Use of Home Language as a Human Rights of the Immigrant *Revista Interdisciplinar da Mobilidade Humana.16/31*

Sayedayn Sayeh (2021) Language & Colonization: Statement of the Problem. *Journal of School & Society 7/1*

Tesfaye Tolessa (2012) "Early History of Written Oromo Language up to 1900. *Star Journal 2012, 1(2):76-80*

Thiong'o, Ngugi W. (2022) Decolonizing the Mind. *Asian Journal of Basic Science & Research 4/4*

Tilahun Gamta (1993). "Qube Afan Oromo: Reasons for choosing the Latin script for developing an Oromo alphabet." *Journal of Oromo Studies*, 1 (1):36-41

Tilahun Gamta (2006). "Jalqabdoota bif'aafi sagalee Qubee Afaan Oromoo (Qubee for beginners)." *Journal of Oromo Studies*, 13 (1and 2):131-417